# WILL of GOD 316

## Fedha Waaqayyoo Akkamiinan Beeka?

*“Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha.”* Roomaa 12:2

Fedha Waaqayyoo beekuu fi raawwachuun wanta baay'ee barbaachisaa dha. Akka Yesuus ta'i. Inni yeroo gara lafaa dhufu, *“Fedha ofii kootii raawwachuudhaaf miti, fedha isa ana ergee raawwachuudhaafan waaqa irraa gad bu'e malee,”* Yohannis 6:38 jedheera. Fedhiin Waaqayyo amantoota hundaaf qabu karaa wal-fakkaataa ta’een hojii irra oola. Haa ta’u malee, Waaqayyo amantootaaf fedhii dhuunfaawaa ni qaba; fedha kana immoo, jireenya kee keessatti yeroo isa sirriitti amanamummaa guyyaa guyyaatin yommuu raawwattu siif ibsa. Fedha Waaqayyoo beekuu ni dandeessa. Inni hubannaa isaa siif ni kenna. *“Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin! Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif in qajeelcha,”* Fakkeenya 3:5-6. Fedhii waliigalaa Waaqayyoo amantoota hundaaf qabu, Macaafa Qulqulluu irraa beekta. Fedha isaa isa kan dhuunfaa immoo dubbii isaa fi jireenya abboomamuu dhuunfaatiin gargar baastee beekuu dandeessa. Bu’uura abboomamuu sana irraa ka’uudhaan, fedha isaa siif qabu adda baasuu fi raawwachuu ni dandeessa. Abbaa gaafadhu. Sagalee Isaa, ogummaa Isaa, namoota Isaa, fi nagaa Isaa irraa qajeelfama fudhadhu. Fedha Waaqayyoo erga beektee booda, isaaf abboomami.

**FEDHA WAAQAYYOO ISA WALIIGALAA.** Fedhiin Waaqayyoo inni waliigalaa baay'een isaa abboommiiwwan, qajeeltoowwan, fi fakkeenyota Macaafa Qulqulluu keessatti argamu. Macaafni Qulqulluun, fedha Waaqayyo jireenya keetiif qabu beekuuf madda isa jalqaati. *”Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha, daandii koo irrattis in ifa,”* Faarfannaa 119:105.

1. Abboommiiwwan. Macaafa Qulqulluu keessa abboommiwwan amantoota hundaaf ta'an hedduutu jiru, isaanis kan akka: *”Yeroo hundumaa gammadaa! Kadhata keessan ittuma fufaa malee hin dhiisinaa! Waan hundumaatti Waaqayyoon galateeffadhaa! Waaqayyo karaa Kiristos Yesuus kana gochuu keessan in fedha,”* 1 Tasaloniiqee 5:16-18. Fi *“Waaqayyo halalummaa irraa fagaattanii qulqullummaatti jiraachuu isin irraa in fedha,”* 1 Tasaloniiqee 4:3. Yesuus, *“Isin yoo na jaallattan abboommota koo in eegdu,”* Yohannis 14:15 jedheera. Haala qabatamaa abboommiiwwanii hubadhu. Waaqayyo Nohiin markaba akka ijaaru itti himeera, Seera Uumama 6:14. Waaqayyo siin akkas godhi siin hin jenne. Waaqayyo Daawitiin gara mandara Kebroon akka dhaqu itti himeera, 2 Saamu'eel 2:1. Waaqayyo siin akkas godhi siin hin jenne. Abboommii tokko haala qabatamaa isaa keessaa baasuun hin fudhatin.

2. Qajeeltoowwan. Qajeeltoowwan Macaafa Qulqulluu ati hordofuu qabdu ni jiru. Qajeelfamni tiksee gaarii Luqaas 16:1-13 keessatti argama. Gatiin bartuu ta'uu dhuma Luqaas 14 irratti argama. Qajeelfamni namoota badan barbaaduu, fakkeenyota sadiin Luqaas 15 keessatti ni argama. Qajeeltoowwan kanneen fi kanneen biroo Macaafa Qulqulluu keessatti argaman hordofi.

3. Fakkeenyota. Abboommiwwanii fi qajeeltoowwan Macaafa Qulqulluu, fedha Waaqayyoo isa walii-galaa inni jireenya keetiif qabu sitti himu. Macaafni Qulqulluun fakkeenyota nuti hordofuu qabnu of keessatti qabateera. Fakkeenyi inni hunda caalaan jireenya Yesuusi. Yesuus miilla bartoota isaa erga dhiqee booda, *“Ani akkuman isiniif godhe, isinis immoo akka gootanitti fakkeenya isiniif ta'eera,”* Yohannis 13:15 jedhe. Nuyi fakkeenyummaa gad-of-deebisuu isaa hordofuu qabna, Filiphisiyus 2:3-5. Nuyi faana isaa duuka bu’uu qabna, *“Isin kana gochuudhaaf waamamtaniittu; Kiristos immoo isiniif dhiphatee, faana isaa duukaa akka buutaniif fakkeenya isiniif kenneera,”* 1 Pheexros 2:21. *”Namni dubbii isaa eegu Waaqayyoon dhuguma akka jaallatu fiixaan baasee in argisiisa; kanaanis isatti jiraachuu keenya in hubanna. Namni, Isatti nan jiraadha? jedhu immoo, karaa Yesus Kristos irra adeeme irra adeemuun in ta'aaf,”* 1 Yohannis 2:5-6.

**AKKEEKKACHIISA.** Waaqayyo hin sobu, Faarfannaa 119:160. Waaqayyo akka ati sagalee isaaf abboomamuu dhiistu si hin qajeelchu, ykn sitti hin himu. Yesuus akka nu hidhachiisaniif geggeessitoota nuuf kenneera, Efesoon 4:11-14. Haa ta'u malee, barsiistonni sobaa danuun ni jiru, 2 Ximootewos 4:3-4. Waaqayyo dubbii Isaa irraa akka maqxu natti hima jettee gonkumaa hin amanin. Waaqayyo kana hin godhu. Yoo geggeessaan waldaa tokko, dubbii Waaqayyoof abboomamuu akka dhiistu sitti hime, inni barsiisa sobaati.

Oromo

**FEDHA WAAQAYYOO ISA DHUUNFAA.** Waaqayyo amantootaaf fedha dhuunfaa qaba, Faarfannaa 32:8, Fakkeenya 3:5-6. Fedha Waaqayyoo isa waliigalaaf abboomami. Achiis fedha Isaa isa dhuunfaa baruuf, garaa guutuudhaan Waaqayyoon gaafadhu. Deebii Isaa Sagalee Isaa, ogummaa Isaa, namoota Isaa, fi nagaa Isaa keessaa barbaadi.

**Gaafadhu**. Kadhannaa Daawit kadhadhu, *"Fedha kee gochuu na barsiisi,"* Faarfannaa 143:10. Phaawulos ergamaan amantoonni Qolosaayis *"Beekumsa fedha isaatiin akka guutaman,"* Qolosaayis 1:9 kadhateera. Kadhannaan kee inni guddaan, ofii keetiif fi warreen kaaniif fedha Waaqayyoo beekuu fi raawwachuu ta'uu qaba.

**Qajeelfama fudhadhu.** Waaqayyo fedha Isaa isa kan dhuunfaa Sagalee Isaa, ogummaa Isaa, namoota Isaa, fi nagaa Isaan ibsa. Waaqayyo fedha Isaa akka siif ibsu kadhadhu. Inni kadhannaa keetiif karaalee kanneenin deebii ni kenna;

1. Sagalee Isaa. Fedha Waaqayyoo isa kan dhuunfaa beekuun, bu'aa qo'annaa Macaafa Qulqulluu guyyaa guyyaati. Fedhiin Waaqayyoo siif qabu, yommuu ati Sagalee Isaa keessaa ogummaa fi hubannaa argattu ifa ta'aa deema. Inni gonkumaa waan Sagalee Isaa wajjin wal faallessu akka gootu si hin qajeelchu.

2. Ogummaa Isaa. Ogummaan Waaqayyoo abboomamuu hafuurawaa irraa dhufa, 1 Qorontos 2:14-15. *"Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha."* Roomaa 12:2. Waaqayyoon ogummaa isaa gaafadhu, *"Isin keessaa namni ogummaan itti hir'ate yoo jiraate, Waaqayyo biraa haa gaafatu … innis ni kennamaaf,"* Yaaqoob 1:5.

3. Namoota Isaa. Namoonni Waaqayyoo fedha Waaqayyoo hubachuuf madda ijoo dha. Warri dubbii isaa sirriitti dubbachuudhaan ykn barreessuudhaan barsiisan si gargaaruu ni danda'u, Qolosaayis 1:28. Amantoota bilchaatoo irraa gorsa argachuun gaariidha. Gorsituu tokkoo ol qabaachuun yaada gaariidha, *"Mareen hin jiru yoo ta'e, wanti yaadame fiixaan hin ba'u; warri gorsa kennan yoo baay'atan garuu, fiixaan in ba'a;"* Fakkeenya 15:22. Amantoonni bilchaatoon muuda dhabeessa miti, garuu fedha Waaqayyoo baruu irratti gargaarsa guddaa siif kennuu ni danda'u.

4. Nagaa Isaa. Nagaan Waaqayyoo fedha Isaa isa kan dhuunfaa baruu irratti mirkaneessaa isa dhumaati, *"Nagaan Kristos garaa keessan keessatti haa mo'u,"* Qolosaayis 3:15. *"Nagaan Waaqayyoo inni hubannaa namaa hundumaa irra caalus, karaa Kristos Yesus garaa keessanii fi yaada keessan in eega."* Filiphisiyus 4:7. Nagaan kun kadhannaa, qayyabannaa Macaafa Qulqulluu, ogummaa hafuuraa, fi gorsi gorsitoota hafuuratti bilchaatan irraa argameen booda, murtee tokko irratti miira sirrii ta'uu gadi fagoo Waaqayyo biraa kennamuudha. Nagaa isaa barbaadi, akkasumas eeggadhu.

**Raawwadhu.** Yommuu wanti tokko fedha Isaa ta'uu fi dhiisuu isaa gaafattu, deebiin isaa akkuma Phaawulosiif ta'e "Lakki" ta'uu ni danda'a, 2 Qorontos 12:7-10. Yookiin "Eegi" ta'uu ni danda'a. Deebiin Isaa inni "Eegi" jedhu eebba guddaa fidee dhufuu ni danda'a, Isaayaas 40:31. Yommuu deebiin Waaqayyoo "Eeyyee" ta'u, rakkisaa, namootaan kan hin jaallatamne, yookiin gatii kan kafalchiisu yoo ta'ellee fedha isaa raawwadhu. Garaa keenya guutuudhaan fedha isaa gochuutti gammaduu qabna, Faarfannaa 40:8, Efesoon 6:5-6. Deebiiwwan sobaa maqaa Kiristaanummaan barsiifaman irraa of eeggadhu. Yommuu fedha Waaqayyoo beekuu kee mirkaneeffattu, abboomami.

---

*Fedha Waaqayyoo Akkamiinan Beeka?* © 2026 John D. Morris III Acts One Eight'tiin kan maxxanfame dha. Maxxansa guutuu kana utuu keessaa hin hir'isin, qabiyyee isaa utuu hin jijjiirin bilisaan maxxansuu, garagalchuu, dhoobuu, ergaa erguu ykn qooduu ni dandeessa. Maqaa ykn asxaa tajaajila ykn waldaa keetii gubbaa fuula tokkoffaa irrattii fi odeeffannoo quunnamtii kee gad jallaa fuula lammaffaa irratti dabaluu ni dandeessa. WillofGod316.org Macaafa Qulqulluu qofa irratti kan hundaa'e dha. Kaayyoon isaas namoonni fedha Waaqayyoo akka beekan gargaaru dha. Acts One Eight'f (yoo danda'ame Afaan Ingiliffaatiin) teessoo armaan gadiitiin imeelii erguu ni dandeessa; Hello@Mail316.org. Tajaajilli hiikkaa kan dhiyaate karaa dhaabbata www.ChristianLingua.com. *Fedha Waaqayyoo Akkamiinan Beeka?* afaanota 48'n, www.WillofGod316.org. irratti bilisaan ni argama. Luqqisiiwwan Afaan Ingiliffaa kan fudhataman Lockman Foundation New American Standard Bible 1995 irraa yoo ta'u, Hiika kana keessatti garuu luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu, gosa *MACAAFA QULQULLUU irraa fudhataman.*